

# Dhohiinsa dhibee COVID-19 ittisu keessatti maaltu tahuuf akka eegamu

Odeeffannoo jiraatota manooma ummataa gamoo dhedheeroo  
keessa jiraataniif

**Mootummaan Victoria fayyaa,  
nageenyaa fi nagahooma  
Viktoriyanota hundaa tiksuum  
cichominaan hojjetaa jira.  
Nageenya kee fi kan nama ati  
jaallattuu eeguuf jecha araddaa  
manooma ummataa (public  
housing) irraa dhibee dhukubaa  
coronavirus (COVID-19) jiraatota  
waliin taanee irraa dhorkina,  
itti qophoofna, deebisna.**

Yoo waa'ee COVID-19 gamoo jireenyaa kee keessa  
seenuu yaaddoo qabaattee fi balaa keessa  
jiraatte kanneen dhibee kana deebii itti kennuu  
danda'anitti kenninee nageenyi kee fi kan nama  
ati jaallattuu akka eegamu taasisna.

**Maal godhchuu akka  
qabduu, maal akka  
tahuuf jiru eggattuu fi  
odeeffannoo fi gargaarsa  
siif kenuuf Mootummaan  
Victoria fi Tajaajilli fayyaa  
hawaasaa naannoo kee  
jiran si waliin dalagan.**



## Laalamuu fi qofaatti bahu

Mallattoon COVID-19 dhaamochiisa yookaan dafqisiisa, qufaa, qaama ho'isa (layidaa), dhukubbii laagaa keessa, afuura kutaa, furreessa yookaan foolii nyaataa fi dhandhama adda baasatuu dadhabuu yookaan jijiirrama of irratti arguu. Namootni tokko tokko tarii mata dhukubbii (headache), bututa qaamaa, funyaan cuqaaluu, joonjii, haqisa fi teechisa (diarrhoea) qabaatuu danda'u.

**Yoo mallattoo kana kam illee qabaatte, xiqqoo illee taate, gorsa gaafadhu, laalami. Gorsa caalu argatuuf, Toora Gargaarsa Bililaa Coronavirus kan sa'aa 24 guutuu dalagu 1800 675 398 irratti yookaan doktora fayyaa keetti bilbili.**

Yoo dhukubni COVID-19 si irratti argame, yookaan nama dhukube waliin **tuxuqaa qabaatte** Dameen Fayyaa fi gartuun hordoffi (tracing team) si qunnamu. Akka itti laalamtuu fi qofaatti baatu (isolate) maal godhchuu akka qabdu si qajeelchan.

Hanga itti-baha laalama kee eeggattutti guyyoota 14f qofaatti bahuu (isolate) yookaan addatti bahuu (quarantine) barbaadde mana keessa turuun kee barbaachisaa dha.

**Tuxuqaa qabaatuu** jechuun kan hordoftootni Dameen Fayyaa nama dhukuba **coronavirus (COVID-19)** qabu waliin namoota turan yeroo adda baasatan namootni sun tuxuqaa qabaatan jedhama.

**Yoo dhukubni si irratti argame yookaan nama dhukube waliin tuxuqaa qabaatte yoo qofaatti bahuu (isolate) qabda tahe gargaarsa argatuu qabda, kunis kan dabalu:**



nyaatni siif buusamu yookaan fidamu kan siif tahu yookaan aadaa kee eegatee dha



wanneen barbaachisoon siif fidamu kan akka qorsa (medicine) dha



yeroo qofaatti baatee jirtu gargaarsa maallaqaa (financial) fi dhuunfaa (personal) argatuuf



yoo barbaachise qubsuma birootti akka godaantee qofaatti baatu (isolate) si gargaaruuf




gargaarsi waraqaan ragaa dalagaa, mana barmootaa yookaan bakka biroof ati tarii barbaaddu kan siif argamsiisanii dha



gargaarsa fayyaa mataa fi nagahomaa (mental health and wellbeing)



gargaarsa hawaasaa fi afaan jijiiruu



meeshaa ittisaa (personal protective equipment) haguuggoo fuulaa dabalee


## Odeessa si dhaqabsiisuu

**Ittisa dhohiinsa dhukubaa gamoo kee  
keessatti tahu akka nuuf mijateen  
daddaffin deebii itti kennuuf waan  
tahaa jiru si beeksisa.**

Haalli adda adda waan tahuuf deebiin nuti kenninus yeroo hunda wal fakkaataa miti. Kan inni dabaluu danda'u:

- sitti dubbatuuf ulaa sitti rukutan. Nama afaan siif hiiku yoo barbaadde siif qindeessina
- odeeffannoo afaanota adda addaan maxxansame
- odeeffannoon poostaa keetti siif dhufa
- dhaamsa tum-barruu (text message)
- odeeffanno hawaasaa toroa interneetaa irraan.

Akkasumas gamoon jirenyaa (building) kee tajaajila fayyaaf nama ramadamee jiru (concierge) yoo qabaate odeeffanno gaafatuu dandeessa.



## Qulqullinaa fi dhibee dhukubaa

- Bakka qabannoo harkaa miilaan irra ol bahan (stairwell handrails), tuqata liiftii (lift button), qabannoo harkaa ulaa (balbalaa), handaara qodaa wuccuu itti miicamu, qadaaddii qodaa kosii fi bakka waliin namootni dhimma itti bahan guyyaatti yeroo sadii qulqulleessamuu fi ittis biifamuu (disinfected) qaba.
- Yeroo qulqulleessanii fi bakkichatti bifan namoota huccuu of irraa ittisaa (personal protective equipment) uffatan tarii ni agarta taha.
- Akka gaarii qulqulleessun (deep cleaning) akka qajeelfama qulqullinaa fi biifamaa (cleaning and infection guidelines) Damee Maatii, Qajeelummaa fi Manoomaa (Department of Families, Fairness and Housing) raawatama.
- Neersii To'annaal Ittisa Dhibee Dhukubaa fi Deebisaa (Infection Prevention Control Advice and Response) gamoo kee itti dhaquudhaan haali naannichaa ilaalama, fayyummaa naannichaa eeguuf maal godhchuun akka qabu yaadni ni kennama.
- Balaa dhibee dhukubaa hir'isuuf jecha meeshaa buusuu, miiccaa huccuu yookaan kosii funaanuu irratti tarii jijiiramni tokko tokko jiraatuu danda'a.
- Huccuu of irraa ittisaa (personal protective equipment) dabala yoo barbaadde siif kennamuu danda'ama.

## Tika (Security)

- Dhohiinsa dhibee dhukubaan wal qabatee humnoota tikaay yookaan Poolisii Victoria araddaa irratti tarii ni agarta. Si fi nama ati jaallattu gargaaru, daddabra dhibee dhukubaa xiqqessuu gargaaru.

## Talaallii

- Talaalliiin COVID-19 tola kennama, si hin miidhu, fedhii keetiin fudhatta
- Talaallii fudhatuun akka ati dhibee dhukubaa COVID-19 hin dhukubsanne si gargaara. Talaalliiin Australia keessatti keennamu baay'ee jabaa kan dhukuba hamaa fi du'a lubbuu dhibee COVID-19 irraa nama ittisu dha.



**Baallama kee kan talaallii COVID-19 akkamiin akka qabattu  
odeeffannoof as ilaali; Book your vaccine appointment  
[www.coronavirus.vic.gov.au/book-your-vaccine-appointment](http://www.coronavirus.vic.gov.au/book-your-vaccine-appointment)**

## Odeeffannoof caalu eessaan argadha?

Bakka tajaajila fayyaatti nama ramadamee jirutti (concierge) (yoo jiraatan) yookaan hojjetoota fayyaatti dubbadhu.

Odeeffannoof caaluuf Toora Gargaarsa Bilbilaa Coronavirus **1800 675 398** kennamee jiru irratti bilbili. Yeroo itti si dabarsan afaan keetiin itti dubbatuu yoo barbaadde lakoysa duwaa (0) tuqi.

Odeeffannoof waa'ee coronavirus fi akkamiin akka of eeggattu baruuf as ilaali; [coronavirus.vic.gov.au](http://coronavirus.vic.gov.au)

Waraqaa ibsaa (document) kana akka birootti argatuuf email gara; Department of Families, Fairness and Housing <[RREMengagement&partnerships@dffh.vic.gov.au](mailto:RREMengagement&partnerships@dffh.vic.gov.au)>

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, Damee Maatii, Qajeelummaa fi Manoomaa, 1 Treasury Place, Melbourne © State of Victoria, Australia, Department of Families, Fairness and Housing, Adoolessa (July) 2021 ti.

Kan yoo addatti hin ibsamin fakkoon maxxansa kana keessa jiru akkaataa fi fakkii ibsuu qofaaf malee tajaajila kennamu, bakka yookaan tajaajila kan fudhatan isa dhugaa (actual) isaa kan ibsu miti.

Maxxansi kun tarii fakkoo ummatoota Aborijinaa fi Torres Strait Islander luubbuun hin jirree qabaatu taha.

Bakki maxxansaa Finsbury Green (2107065)